

# Apple Health dhaaf maluu fi dhiisuu waa'ee COVID-19 gaaffiilee yeroo heddu gaafataman

## 1. Yeroo weerara COVID-19 tti Apple Health (Medicaid) dhabuu kootiin rakkoo keessan gala jechuudhaa?

Health Care Authority (HCA) fi hiriyyoonni isaa Apple Health warra fudhatan irraa uwwisa ni dhaabu, namni dhuunfaa malee:

- gaafii akka dhaabbatuuf;
- Kana booda jiraataa Washington States ta'ee kan itti hin fufne yoo ta'e; yookin
- Lubbuudhaan hin jiruu

## 2. Haareessuun uwwisa kiyyaa xalayaa cufamuu isaa kan agarsiisu fudhadheera. Uwwisni kiyya irra deebiin akka hojjatee akkamittan argachuu danda'a?

Sababa hin haareffamiinif tajaajilli wal'aansa fayyaa kee yoo cufame, hojjataan HCA gahuumsa qabaachuufi dhiisuu mirkaneessu sirreessee iddootti ni deebisa. Xalayaa kana mirkaneessu ni fudhatta. Gaafii kamiyyuu yoo qabaatte yookiin uwwisni kee siif hin sirranne yoo ta'e, 1-800-562-3022 irratti bilbili.

## 3. Gaafii uwwiso koo yeroo darbeetiif ammayyuu waan mirkaneessu dhiyeessutu na barbaachisaa?

Sababa COVI-19 tiif galii mirkaneessudhaaf erguu hin dandeenye yoo ta'e, uwwisa yeroo darbeetiif maluu fi dhiisuutiif ofumaan dookumentiiwwan galii mirkaneessuu ji'a Amajjii 2020 irraa kaasee ji'a ji'aan COVID-19 dhaan dhiibbaan irra gahuu kan agarsiisu HCA ni fudhata.

## 4. HCA yookin Department of Social and Health Service (DSHS) irraa kan ka'e odeeffannoon akka dheeratuuf gaafachuu nan danda'aa?

Eeyyee. Odeeffannoo gaafatame dhiyeessuuf dabalataan guyyoota 30 laannerra. 1-800-562-3022 irratti HCA qunnamuu dandeessu yookiin 1-877-501-2233 irratti DSHS argachuu dandeessu.

## 5. Jijjiirraan gabaasaa ammayyuu ni barbaachisaa?

Eeyyee. IKana booda galii hin fudhattu yoo ta'e yookin galii irraa, hojii irraa gara hoji dhabdummaatti deemte yoo ta'e, iyyata kee haaromsuudhaan jijjiiramicha gabaasuu qabda.

**6. Yeroo ammaa kana uwwisa Apple Health fudhataan jira akkasumas ani amma ulfa. Ulfa ta'uu koo gabaasuun qabaa?**

Eeyyee. Ulfa ta'uu kee gabaasuu qabda.

**7. Uwwisa Apple Health durumaanuu fudhataan ture, galii hoji dhabdummaa kiyyaa yookin fayidaa hojiddhabdummaa torbanii \$ 600 dabalataan kanan argadhu gabaasuun qabaa?**

Lakki, amma Apple Health fudhataa jirta yoo taatan galii kana hin gabaasin.

**8. Faayidaa hoji-dhabdummaa torbanii \$600 nan argadhaa?**

Eeyyee, namoonni dhuunfaa heddu kan hoji-dhabdummaaf malan faayidaa hoji-dhabdummaa torbanii ni argatu. Odeeffannoo dabalataatif [FAQs WA Unemployment Security Department dhaan kan dhiyaate](#) mee ilaalaa.

**9. Faayidaa hoji-dhabdummaa torbanii \$600 yooman fudhachuu eegala?**

Washington States galii kana 4/20/2020 irraa kaasee raabsuu eegala jedhee tilmaama. Odeeffannoo dabalataatif [FAQs WA Unemployment Security Department dhaan kan dhiyaate](#) mee ilaalaa.

**10. Cheekii deeggarsa kakastuu federaalaa kiyya fudhadheera. Waa'ee galii kanaa gabaasun qabaa?**

Lakki, waa'ee cheekii deeggarsa diinagdee federaalaa keetii Washington Healthplanfinder tti hin gabaasin. Galiin deeggarsichaa Apple Health dhaaf kan lakkaa'amu miti.

**11. Cheekiin kakastuu kiyya hamman ani eegee gadi. Maal gochuun qaba?**

Gaafiilee waa'ee cheekii deeggarsa kakastuu keessaniif marsariitii [Internal Revenue Service \(IRS\)](#) ilaalaa.

**12. Ammayyuu Kaffaltii Piriimiyeemii Child's Health Insurance Program (CHIP) mucaa kiyyaa kaffaluutu narraa eegamaa?**

COVID-19 dhaan miidhamteerta yoo ta'e, baalansiin CHIP siif haqamamuu danda'a; kunis kan ta'u yoo ati:

- Piriimiyeemii CHIP kaffaluu yoo hin dandeenye; yookiin
- Sababa kaffaltii piriimiyeemii CHIP kana duraa sirra jiruuf amma kaffaltii CHIP argachuudhaaf hin maltu yoo ta'e



**13. Apple Health for Worker’s with Disabilities (HWD) jalatti uwwisa fudhadheera. Ammayyuu ulaagaa nan guutaa?**

HWD fudhataa jirta yoo ta’e fi hir’inni galii yoo si mudate, hojii kee yoo dhabde yookin hojii akka gadi lakkiftu yoo godhamte, uwwisa kee tarii itti fufuu dandeessa; primiimiyeemiin garuu ni dhaabbata:

- 1-800-871-9275 tti bilbilaa.
- Long Term Services and Supports (LTSS) fudhataa jirta yoo ta’e, marsariitii [DSHS Aging and Long-Term Support Administration \(ALSA\)](#) ilaaludhaan Public Benefit Specialist (PBS) kee qunnam.

**14. Ani jiraataa Washington miti, garuu gara kana dhufetan dhukkubsadhee amma iddoo adda baasanii turuu keessan jira. Qorannoo fi/yookiin wal'aansa COVID-19 tiif Apple Health dhaaf iyyachuu nan danda'aa?**

Iddoo adda baasanii tursuu Istaatii Washington keessatti argamu keessa jirta yoo ta’e, uwwisaa fi wal'aansa COVID-19 dhaaf kan malte ta’uu dandeessa. Odeeffannoo dabalataatiif 1-800-562-3022 irratti HCA dhaaf bilbilaa.

**15. Uwwisa karaa DSHS kanan fudhu yoo ta’u addumatti raga galii yookiin isteetimentii baankii dhiyeessuun qaba. Ammayyuu odeeffannoo kana waraqaadhaan dhiyeessutu ana irraa eegamaa?**

Lakki, yeroo iyyaattu, haareessitu yookiin jijjiirama gabaastu galii fi maddawwan kee ofumaan mirkaneessuu ni dandeessa. Odeeffannoo kee gabaasuudhaaf 1-877-501-2233 irratti DSHS dhaaf bilbiluu ni dandeessa.

**16. Osoon konkolaataa keessa jiruu COVID-19 dhaaf qorannoon naaf taasifame yoo ta’u, uwwisa AEM tiif iyyadheen jira. Dookumentiiwwan maal fa’aa galchuutu narraa eegama?**

Tokkoo tokkoon iddoo qorannaa dookumentii addaa addaa dhiyeessa. COVID-19 dhaaf qoratamuu kan agarsiisu waraqaa kamiyyuu dhiyeessi. Yaadannoowwan guca fi/yookiin wal'aansaa kamiyyuu dhiyeessutu sirraa eegama. Dookumentii qoratamuu kee mirkaneessuuf siif kenname kamiyyuu ni fudhatama.

